KOLLEEJJII BARNOOTA BARSIISOTA FEDHII ADDAA SABBATATTI GAAFFIILEE BARNOOTA SEENAA KOORSII (HIED=351)

Bara, 2012

Sabbataa

Leenjifamtoota! Gaaffiileen barnoota seenaa armaan gaditti isiniif dhiyaate kan isin waggaa 3ffatti Sem. 2ffaa Koorsii HiED=351 barattaan keessaa qophaa'e. Gaaaffileen kunis Seenaa Afrikaa kan bara bittaa koloniin boodati. Kanaaf gaaffilee isiniif dhiyaatan <u>kana sirriitti dubbisuun qubee deebii sirrii qabatu filadhu.</u>

_____1. Sochii Paan Afrikaanizimii keessatti "**Horteen Afrikaa, Afrikaatti Haa deebi'an**" jedhuun kan beekamu eenyu?

A. Ahmaaduu Seekuu C. Saamorii Turee

B. Uraabii Paashaa D. Maarkuus Gaarvee

_____2. Dhiibbaa bulchiinsi kolonii karaa dinagdee Afrikaa irran ga'e ilaalchisee kamtuu soba?

A. Afrikanoonni Meeshaalee dheedhii gurgurtaaf oolan akka oomishan taasifamariiru

B.Afrikanoonni Midhaan gosa tokko akka oomishaan taasifamaa turan

C. Afrikanoonni albuudaalee waarshaalee Awurooppaatiif barbaachisoo ta'an qofa akka oomishaan godhamaniiru.

D. Oomishinni warshaalee Awurooppaa gatii gadii aanaa fi oomishinni Afrikaanootaa gatii olii qabaachaa ture.

_____3.Yaa'iin 4ffaa Paan- Afrikaanizimii bara 1927 Magaalaa kamitti adeemsifame?

A. Niiwu Yoorki. B. Loondoon fi Biraasalsi C. Paaris D. Loondoon fi Liisboon.

_____4.Dhiibbaa waraanni Addunyaa Tokkoffaa Afrikaa irraan ga'e ilaalchisee tokko soba?

A. Dhukkuba fi beelaan namoonni 100,000 ol ta'an keeniyafi Taanzaniyaa keessatti du'aniiru.

B. Dinagdeen Afrikanootaa guddaa miidhameera.

C. Afrikanoonni 30,000 ta'an dirree waraana dhiiha Awurooppatti du'aniiru

D. Afrikaanonni karaa humna namaan baayee hin midhaamne.

_____5.Waraana Addunyaa tokkoffaa booda koloniin Jarman Namibiyaan eenyuf kennamte?

A. Beeljiyeemif B. Faransaayiif C. Ingiliziif D. Afrikaa Kibbaaf

_____6. Dhiha Afrikaa keessatti kolonii Ingiliizii kan hin taane kami?

A. Gaanaa B. Naayijeeriyaa C. Giinii D. Gaambiyaa

_____7. Amaloota sirna appaartaayidii keessaa "Baantustans" maal ibsa?

A. Seera galmee uummataa

B. Seera naannoo jireenya warra gurrachaa

C. Seera fuudhaa warra gurrachaa fi adii

D. Seera gad-qabaa komunizimii

_____8. Biyyoota armaan gadii keessaa tokko miseensa garee Kaasabilankaati.

A. Laayiibeeriyaa B. Koot- divoor C. Kaameruun D. Giinii

_____9.Adeemsa hundeeffama DH.T.A keessatti yaadni Dr. Kiwaamee Nikirummaa maali?

A. Mootummaa Tookkummaa Afrikaa hundeessuu

B. Dhaabbata ardii Afrikaa hoogganu tokko hundeessuu

C. Biyyootni Afrikaa hariiroo biyya alaa cimsuu akka qaban yaada jedhu

D. Deebii hin qabu

____10. Hooggantoota qabsoo bilisummaa Afrikanootaa keessatti Dr. Juuliyees Neyeeree kan biyya kamiiti?

A. Giinii C. Naayijeriyaa C. Maalawwii D. Taanzaniyaa

____11. Kanneen armaan gadii keessaa tokko cimina Dh.T.A miti.

A. Lola waliin walii Chaad bara 1980 karaa nagaa hiiku

B. Hirkatummaa dinagdee biyyoota guddatanii irratti Afrikaan qabdu guutummatti ambisuu

C. Walitti bu'iinsa daangaa to'achuuf yaaluu

D. Lola Naayjeeriyaa keessaa ambiseera

____12. Dhaabbilee armaan gadii keessaa waldaan gabaa waliinii bahaa fi kibba Afrikaa kami?

A. SADCC B. COMESA C. ECOWAS D. IGAD

____13. Tokko miseensa Liigii Arabootaa miti?

A. Aljeeriyaa B. Laayiberiyaa C. Libiyaa D. Tuuniziyaa

____14.Pireezidaantiin warra adii xumura sirna Appaartaayidii keessatti qooda guddaa qabu eenyu?

A. Nelson Mandeellaa B. P.W. Bootaan C. Dr. Maalaan D. Dee Kileerki

____15. Dhaabbanni qabsoo "Riifs" kan biyya kamii ture?

A. Sudaan B. Taanzaniyaa C. Keeniyaa D. Morookoo

____16. Naannoowwan armaan gadii keessaa kan qubannaan warra adii itti baayatu kami?

A. Aljeeriyaa B. Keeniyaa C. Roodeshiyaa Kibbaa D. Hunda

____17. Biyyi Afrikaa kolonii biyyoota Awurooppaa sadii jala turte eenyu?

A. Jibuutii B. Soomaliyaa C. Keeniyaa D. Taanzaniyaa

____18. Mootummaan Koongoo keessatti aangoo qabatee maqaa Zaayeeriin moggaase eenyu?

A. Jooseef Kasaavuubuu C. Mooyis Tishoombee

B. Paatiris Lumubaa D. Mobuutuu Sesekoo

____19. Barreessan Dh.M.W dhimma araara Koongoof osoo deemuu balaa Xayyaaraan du'e eenyu?

A. Daag Hamaarisk Joold C. Koofii Aanan

B. Yu Taanti D. Buutiroos Buutiroos Gaalii

_____20. Dhaabbanni naannoo Afrikaa Kibbaa bara 1993 Ugandaa magaalaa Kaampalatti hundeeffame maal jedhama?

A. COMESA B. ECOWAS C. SADC D. IGAD

_____21. Dhabbatni Xumura Waraana Addunyaa 1ffaa booda bara 1920 nagaa fi tasgabbii addunyaa eeguuf hundeeffame kami?

A. Liigii Mootummoota Addunyaa C. Paan-Afrikanizimii

B. Dhaabbata Mootummoota Walta'anii D.Nigituudi

_____22. Teessoon ECOWAS eessatti argama?

A. Kaampaalaa, Ugaandaa C. Tiripoolii, Libiyaa

B. Leegoos, Naayijeeriyaa Finfinnee, Itoophiyaa

_____23. Biyyoota Afrikaa armaan gadii keessaa kan bara 1956 bilisummaa ishee argatte kami?

A. Morookoo B. Tuuniziyaa C. Suudaan D. Hunda

_____24. Sochiin dhaaba siyaasaa ***Niyoo Daastur*** biyya kam keessatti hundeeffame?

A. Koongoo-Kinshaashaa B. Ikuwaatoriyaal Giinii C. Taanzaniyaa D. Tuunisiyaa

____25.Walitti bu'insa miseensota gidduutti uumamu hambisuuf yaaliin IGADn taasifame kami?

A. Walitti bu'insa daangaa Itiyoo-Eertiraa
B. Walitti bu'insa daangaa Sudaanii fi Eertiraa
C. Walitti bu'insa daangaa Eertiraa fi Jibuutii
D. Hundinuu Deebiidha.

_____26. Rakkoolee ardii Afrikaa keessatti mul'atan kan ta'e kami?

A. Walitti bu'iinsa daangaa, C. Walitti bu'iinsa qomoo, amantaan…
B. Bulchiinsa paartii tokkoo D. Hundinuu Deebiidha.

_____27. Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa Gara Gamataa Afrikaatti jijjiiramuu keessatti namni qooda guddaa kan qabachaa ture eenyu?

A. Mohaammed Gaadaafii C. Kiwaame Nikrumaa
B. Jomoo Keeniyataa D. Juulas Neyereere

____28. Adeemsa Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa Gara Gamataa Afrikaatti jijjiiramuu ilaalchisee kamtuu dhugaadha?

A. Marii Loomee bara 2000 taa'ameen seerotni labsii gamtichaa akka qophaa'an ta'eera.
B. Walga'ii **Lusaakaa** bara 2001 godhameen sagantaan raawwii gamtichaa qopha'eera.
C. Walga'iin ***Durban*** bara 2002 xumuraa Gamtaa Afrikaa akka hundaa'e dhugoomse dha
D. Hundinuu Deebiidha.

_____29. Biyyoota armaan gadii keessaa tokko miseensota IGAD miti?

A. Jibuutii B. Itoophiyaa C. Ugaandaa D. Taanzaniyaa

____30. Amaloota Sirna Appaartaayidii kan hin taane kami?

A. Hariiroon gaa'elaa adii fi gurraacha gidduutti raawwachuu akka danda'an,
B. Mana barnootaa, Hoteelota, Daandii gurraachotaa fi adii adda baasuu
C. Carraa hojii bal'aan warra adii qofaaf kan murtaa'e ta'uu
D. Naannoo jireenya warra adii fi gurraacha adda baasuu,

____31. Sababa walitti bu'iinsa Koongoo kan ta'e kami?

A. Dhaabbileen siyaasaa gosa irratti hunda'an baayachuu
B. Dhiibbaa bulchiinsa kolonii (Beeljiyeem
C. Walitti bu'insa hooggantoota (Kasaavuubuu fi Lumumbaan)
D. Hundinuu Deebiidha.

_____32. Sirni walitti dhufeenya biyyoota guddachaa jiranii fi impeeriyaalistootaa bara 1970moota keessa bifa haaraan hundeeffame maal jedhama?

A. Paan-Afrikanizimii C. Impeeriyaalizimii

B.Nigituudi D. Niyoo- Koloniyaalizimii

____33. Kan sirriitti walitti hin firoomne kami?

A. Muhaammad Idriis al-Saanuus, Libiyaa C. Ismaa'eel Al-Azaaharii, Misir

B. Habiib Buurgibaa, Tunisiyaaa D.Hasting Banda, Malawwiin

____34. Dirreen Waraana El-Alaamin bara 1942 maal ture?

A. Bakka humni waraanaa Ingilizin lixa Misir keessatti Xaaliyaanii fi Jarman itti rukkute
B. Bakka humnoonni waraanaa Xaaliyaanii fi Jarman lixa Misir keessatti Ingilizin rukkute
C. Bakka Misir Ingilizin injifachuun bilisummaa ishee itti argatte
D. Bakka Xaaliyaanin Misirin waraantee itti mo'atte

___35. Sochiin Afrinaannoonni eenyummaa isaanii fi aadaa isaanitti akka boonan Seedar Seengorin hundeeffame maal jedhama?

A. Paan-Afrikanizimii C. Impeeriyaalizimii

B.Nigituudi D. Niyoo- Koloniyaalizimii

____36. Hundeessaan dhaabbanni siyaasaa **(Convections Peoples Party)** biyya Gaanaa eenyu?

A. Naamidii Aziikwee C. Jomoo Keeniyaata

B. Kuwaamee Nikrumaa D. Juliyees Nereere

____37. Ajajaan Waraanaa Ugaandaa bara 1971 Pireesidantii Miltoon Oboote fonqochuun aangoo qabate eenyu?

A. Idii Amiin Daadaa C. Robeert Mugaabeen

B. Jooshuwaa Nikoomoo D. Sulxaan Mohammad V

____38. Haftee Sirna Kolonii Karaa siyaasaa kan ta'e kami?

A. Aangoo seera malee fayyadamuu C. Lola waliin waliini

B. Fonqolcha mootummaa D. Hundinuu Deebiidha

___39. Qabsoo Maa'uu Maa'uu ilaalchisee kamtuu sirriidha?

A. Mormii gosti Kukkuyyuu Keeniyaa keessatti koloneeffata mormuun geggeessan
B. Mormii gosti Kukkuyyuu Ugandaa keessatti koloneeffattoota mormuun taasisan
C. Mormii Katangaa Koongoo keessatti Tishoombeen eegale
D. Mormii Aljeeriyaa keessatti Faransaay irratti ka'edha.

____40. **Haftee sirna kolonii karaa Dinagdee kan ta'e kami?**

A. Meeshaalee/ Midhaan dheeshii/ gurguraaf oolan oomishuu
B. Albuuda Awurooppanonni barbaadan oomishuu irratti xiyyeeffachuu
C. Aadaa Midhaan gosa tokko (Mono- culture)
D. Hundinuu Deebiidha.

DEEBII

1.D 2.D 3.A 4.D 5.D 6.C 7.B 8.D 9.A 10.D 11.B 12.B 13.B 14.D 15.D
16.D 17.B 18.D 19.A 20.A 21.A 22.B 23.D 24.D 25.D 26.D 27.A 28. D
29.D 30.A 31.D 32.D 33.C 34.A 35.B 36.B 37.A 38D 39.A 40.D